ORD 25-31 – Mirga, Dirqama, fi Maddawwan Kireeffataa

Kan hojii irra oolu, May 14, 2026

WAA'EE ORD 25-31

ORD 25-31 Magaalaa Saint Paul keessatti kireeffattoota, Kireessitoota, abbootii qabeenyaa, fi bulchitoota qabeenyaaf mirga, Dirqama, fi maddawwan ilaalchisee odeeffannoo kennuu fi kireeffataaf eegumsa gochuuf kan hundaa'e dha.

KIREEFFATTOOTA

Mirga Kireeffataa

- Iyyata galchuudhaan dura ulaagaa ittiin calalan fudhachuu
- Odeeffannoo kaffaltii walii galaa fi kaffaltii filannoo fudhachuu
- Erga calalliin raawwatee booda gabaasa bu'aa calallii fi maqaa nama calallii geggeessee fi odeeffannoo ittiin quunnamuu danda'an fudhachuu.
- Erga raawwatee booda gabaasa kireditii fudhachuu
- Tarkaanffiin mana keessaa baasuu utuu hin eegalin dursa beeksisa guyyaa 60 argachuu (hanga December 31, 2026 qofa kan turu; January 1, 2027tti gara guyyaa 30tti deebi'a)
- Mormii tokko malee komii dhiyeeffachuu

Dirqama Kireeffataa

- Kaffaltii kiraa yeroodhaan kaffaluu
- Manicha qulqullinaa fi nageenya isaa eeguu
- Manicha keessaa wanti suphamuu qabu ykn rakkoon yoo jiraate yeroodhaan beeksisuu
- Beeksisaa fi quunnamtii qaqqabuuf deebii kennuu
- Yoo beeksifameera ta'e manicha akka seenaniif heyyamuu

Maddawwan Kireeffataa

Deggersa Seeraa fi Falmii

- HOMELine – https://homelinemn.org/ | 612-728-5767
- Southern Minnesota Regional Legal Services (SMRLS) – https://www.smrls.org | 651-222-5863
- Volunteer Lawyers Network (VLN) – https://www.vlnmn.org | 612-752-6677
- Housing Justice Center (HJC)– https://www.hjcmn.org/resources

Deggersaa fi Tasgabbii Manaa

- Ramsey County Housing Stability – https://www.ramseycounty.us/residents/assistance-support/assistance/housing-services-support | 651-266-1050
- Community Stabilization Project – https://csp501dale.wixsite.com/communitystabproject | 651-225-8778

Deggersa Kiraa fi Wal'aansa Fayyaa

- Community Mediation Minnesota – https://communitymediationmn.org/ | 1-833-266-2663
- Dispute Resolution Center – https://www.disputeresolutioncenter.org/ | 651-292-7791

Deggersa Yeroo Muddamaa fi Maddawwan Maallaqaa

- Saint Paul Emergency Rent Assistance – https://www.stpaul.gov/departments/planning-and-economic-development/housing/emergency-rent-assistance
- Saint Paul Financial Resources Hub – https://www.stpaul.gov/financialhub
- Ramsey County Emergency Assistance – https://www.ramseycountymn.gov/residents/assistance-support/assistance/financial-assistance/emergency-assistance
- CAPRW Energy Assistance – https://www.caprw.org/projects-energy

Qooddii fi Mirga Namoomaa

Seerri Mirga Namoomaa Sain Paul mana argachuu irratti qooddii sanyii, halluu, biyya irraa dhufan, hir'ina qabaachuu, saala, filannoo saalaa, amantaa, ejjennoo amantaa, umurii, haala gaa'elaa, haala maatii, hortee irraa dhufan, fi deggersa hawwaasummaa irratti hundaa'ee taasifamu ni morma.

Kutaa Mirga Namoomaa

- Bilbila: 651-266-8966
- Email: hrightscomplaints@ci.stpaul.mn.us

KIREESSITOOTA, ABBOOTII QABEENYAA FI BULCHITOOTA QABEENYAA

Mirga Kireessaa

- Ulaagaa calallii wal fakkaataa qopheessuu
- Nama ragaa ba'u gaafachuu
- Haala ulaagaa guutu keessatti kaffaltii kiraa ji'aa dabaluuf gaafachuu
- Irra deebi'anii ilaaluudhaaf odeeffannoo kireeffataa dabalataan gaafachuu

Dirqama Kireessaa

- Yoo gurguruuf ta’e dursee beeksisuu
- Iyyata calallii daanga’e
- Sooshaal Sekuritii jedhamuun kano l ka’amu kan daanga’e
- Kiraa hin kaffalamne irratti hunda’uudhaan mana keessaa baasuuf utuu tarkaanfii hin eegalin beeksisa guyyaa 60 kennuu (Yeroo gabaabaaf qofa hanga December 31, 2026tti kan turu)
- Akka seera jiruutti eegumsa kireeffataaf ta’u kabajuu fi bakka jijjiirrachuud deggersa barbaachisu kennuu
- Seerota raawwii fi kan hunda hin ilaallanne beekuu fi hubachuu

Maddawwan Kireessaa

- 4(d) Affordable Housing Incentive – https://www.stpaul.gov/departments/planning-and-economic-development/housing/housing-trust-fund/housing-trust-fund
- Minnesota Multi Housing Association – (952) 854-8500 | mha@mmha.com
- Minnesota Attorney General Rental Handbook – https://www.ag.state.mn.us/Consumer/Handbooks/LT/default.asp

Hawwaasa qaqqabuu fi Barsiisuu kaayyeffatee kan qophaa’e.